DEEMSA MUCUCAATAA

galaa qopheeffannee

deemsaa mucucaataa

kan gaddaan dhuubame

dhiibuuf karaa buune

arrabsoon diinotaa

karaa mucucessee

gammachuun jallootaa

mogolee nu buuse

nutis dhugaa seenee

hololа sobaa

kan diinni bareeche

amannee fudhanne

daandii itti fufne

reeffa awwaallannee

seera hundaa eegnee

DEEMSA MUCUCAATAA

iddosaatii dhabnee

fudhatani seenee

namaan iyyaafannus

barbaachaaf jojoorrus

fala waawuu dhabne

abdiin kan hirdhate

deemsi irraan gadee

yaaddoo keenya waliin

nu fudhatee bade

ulfinaan nu geessuuf

harka waaqaa buusee

humnaan nu furguugsee

abdiitti nu baase

reeffi nuti barbaannu

deebisnee awwaaluuf

qaamaan lubbuu baatee

DEEMSA MUCUCAATAA

as nutti dhiyaate

garuu nuti hin barre

ammas hi hubanne

utuu nu bukkeedhaa

abdii nitti faarsuu

nut garuu hin amanne

nu waliin jiraachuun

kan nuti barbaannuu

utu wajjin deemnuu

yerootti wallaallu

ittuu mucuceessee

deemsa nutti ulffeesse

iddoo kaayyoo keenyaa

unurraa fageesse

ammas hin fagaanne

unu waliin jira

DEEMSA MUCUCAATAA

barbaadamaan keenya

keessa garaa keenyaa

bareechee beekeera

innis hubataadha

hubannaa nuuf laatee

qaroo keenya saaqee

unutti muldhisee

ofiisaa beeksise

yaaddoo keenya fuudhee

unurraa fageessee

gammachuu isa hin dhumne

fuudhee nu badhaase

nutis gammanneerra

fuulli keenyas ifee

cinqaarsuu ilma waaqaan

gaddi keenya hafe

DEEMSA MUCUCAATAA

Dhugumaa Dinqiisaatiin